Minnesota Department of Education

Gaafii fi Deebii Qorannoo MCA ilaalchisu Dubbisuu, Errega fi Science irratti

MCA maal inni?

Qorannoon Minnesota Comprehensive Assessments (MCA), barattoonni Minnesota dubbisuun, errega fi science'n sadarqaa seera State fi Federal kan ka'e guutuu isaanii kan madaaluu dha. Qormaati kun barattooni Minnesota keessa jiraatan State'n Minnesota barnootaaf hinbarbaachisa jedhee kan kaa'e, ijoolleen yks barrattoonni akka kutaa keessa jiraniitti beekuu dhaa fi hojjechuu dandau isaanii kan safaru ta'ee wagga-waggaatti kan kannamuu dha.

Qormaata kana maaliif kennina?

Qorannoo MCA kana irratti yaada hundaa'ee, dhimma itti ba'amee, manni barnootaa hammam gaarii godhanii waan barsiisan (curriculum isaani) akka Minnesota Academic Standards (Sadarqaa Barnootaa Minnesota) toora galfatanii, ijoolleen barattoonni MN State keessa jiran hundi hammam dubbisuu dhaan, errega fi science'n barsiisan jiran ilaaluuf yks baruu. Qoranaan dubbisuu, errega fi science irratti godhamu kun itti gaafatama kaa'aman kan state fi federal akka guutu ilaaluuf dhima itti ba'u.

Manni barnootaa odeeffannoo kana irratti hunda'aanii kutaa mana barumsa keessatti barsiisu fi barachuu fooyyeessu. Barsiisonni fi geggeesonni manoota barumsa qormaata kanaan barrattoonni maal faa irratti gaaritti akka hojjetan ilaaluun caalaatti jabeessuu irratti hojetu. Achumaan immoo kamiin yks maal fooyyeessuun akka isaan irraa jiru ilaalanii akka itti barsiisan qajeelfatu.

Qormaata kana eenyutu fudhachuun irra jira?

Barattoonni manoota barumsaa hawaasaa (public) hundi state guutummaa keessatti kan geggeeffamu qorannaa irratti qooda fudhachuun dirqama. Qormaati dubbisuu fi erregaa baratoota kutaa 3-8 keessa jiranii kennama; barattoonni sadarqaa ol'aanaa (kutaa 10 qormaata dubbisuu MCA, barattoonni kutaa 11 errega MCA) fudhatu. Qorannoo kan Science MCA baratoota kutaa 5 fi 8 sadarqaa ol'aanaa keessaa immoo baratoota science jireenya (life science) yks barumsa yks course biology warra fudhatanii dha. Sababii addaa irraa kan hafe barattooni mana barumsa hawaasaa hundi qormaata MCA jedhamee beekamu kana fudhachuutu irra jira.

Barattooni Sagantaa (program) Dhuunfaa, kan addaa keessa jiran (IEP) yks karoora 504 iddo jiraatan argachuuf carraa qabu, (accommodations). Barattoonni tokko-tokko barumsi galuufii rakkina guddaa kan qaban iddo qormaata MCA jedhamuu Qormaata Dandeettii Academic kan jedhamu kan State'tii Minnesota (MTAS fudhachuun hin'hayyamamaaf). MTAS'n qormaata kan iddoo bu'u, karaa addaa warra dadhabbii barumsa qaban karaa isaaniif wayyu, dubbisuun, errega fi science'n kennameefii kan madaaluu dha. Odeeffannoo dabalataaf *MTAS Eligibility Requirements* (kan jedhamu) MDE websaayitii ilaalaa. (Districts, Schools and Educators > Statewide Testing > Minnesota Tests dhaqaa ilaalaa.)

Qormaati akkamitti kennamu?

Kutaan hundinuu, kan dubbisuu, erregaa fi science MCA karaa online duwwaa kennamu. Warra qormaata kana waraqata irratti fudhachuun isaan barbaachisuuf, kan hayyama qaban waraqataan kennamuufiin, qubeen gurguddifamee caafame, akkasumas warra sababii iji isaanii hinargineef braille (caaffata qubaan dubbifamuu'n) qupheessuufiin hindanda'ama.

Online kan kennamu qormaatii dubbisuu, erregaa fi science MCA qormaata akka deebii abbaa fudhatuutti of'qajeelcha, jechuun akka dandeetti fi deebii barataa tokkotti of' mijjeessa jechuu dha.

- Qormaati dubbisuu, kutaa dubbisa tokko irratti hundaa'ee of'sirreessa; jechuun deebii baratan sun gaafii kutaa sanaatiif deebisutu kutaa itti aanee dhufu fi gaafii isa itti aanee kennamuuf murteessa.
- Qormaata erregaa, yeroo barataan/barattuun tokko gaafidhaaf deebii kennu/kennitu deebii kenname sanatu gaaffiin itti aanee dhufu maal akka ta'u gargaara/murteessa.

Barattoonni qormaata kanaaf attamitti qophaa'u danda'u?

Barattooni qormaata kanaaf akka itti qophaa'uu danda'an warra ijoollee fi barsiisotaa qormaati kun maal akka fakaatuu yaada kan kennu, kan gargaaru kan hiramuu MDE website irra jira. MDE websaayitii irraa qophii qormaataa kan jedhu kan hiramu ilaalaa. (Students and Families > Statewide Testing dhaqaa ilaalaa.)

Gaafiin fakkeenyaaf kennaman barattoonni gaaffiin qormaata irratti dhufan maal akka fakkaatan akka isaan ilaalanii booddee haaraa itti hintaane fi itti baran gargaaru. Shaakalsiisa barattootaa (student tutorials) kan jedhamuu qormaati online kennamu odeeffannoo akka itti online fudhatan, haala itti dhimma ba'an tokko-tokko fi, akkasumas gaaffiin dhufan maal akka fakkaatan agarsiisa. Fuula Item Samplers fi qayyabsiisa barattoota jedhu, MDE websaayitii odeeffannoof dhaqaa ilaalaa. (Districts, Schools and Educators > Statewide Testing > Item Samplers dhaqaa ilaalaa.)

Qormaata kana attamitti darbu?

Qormaata dubbisuu, errega fi science fudhachuun barataan tokko hindarbe/kufe wanti jedhamu hinjiru. Qormaati kun barattoota hojii isaani sadarqaa barumsaaf Minnesota'an kaa'ateettin waan madaaluuf qapxiin barataan tokko argatu isaan walbira qabamee ilaalame iddoo afurtti kan hiraman qapxii madaalli keessa akka hojii isatti tokko argata. Isaan arfan kunis, sadarqaa barbaachisa kana hinguunne, xinnoo guute, sadarqaa kana guuteera fi sadarqaa kaa'ame caalaa/oli guute kan jedhamanii dha.

MCA dhaan dandeetti yks kennaa akkamiitu ilaalamu?

Qormaati MCA hojii barattootaa Minnesota Academic Standards kan jedhamee beekamu sadarqaa barnootaa Minnesota walbira qabee madaala. Iddoo Minnesota Academic Standards jedhamu MDE websaayitii ilaala. (Districts, Schools and Educators > Academic Standards K-12 dhaqaa ilaalaa.)

- Qormaati dubbisuu kan MCA sadarqaa barnootaa kan bara 2010 tiin walqixxee ilaalama.
- Bahiin qormaati erregaa MCA sadarqaa barnootaa kan bara 2007 tiin walqixxee ilaalama.
- Bahiin qormaati science MCA sadarqaa barnootaa kan bara 2009 tiin walqixxee ilaalama.

Bahii MCA kan mucaa kootii, kan mana barumsaa isaa fi kan aanaa attamittan arguu danda'a?

Manni Barumsaa keessan gabaasa bahii barattootaa adda addaan (tokko-tokkoon) kan mucaa keessaniis waan argatuuf isinii kennuu danda'a. Gabaasi kun walumaa galatti mucaan keessan akaakuu barumsa adda addaa keessatti akkam akka hojete/hojjete achumaanis kenna addaa kan mucaan keessan qabu agarsiisa. Kunis odeeffannoo barataan tokko hamam akka hojjete fi argate kan agarsiisu, barattoota warra kaan wajjin yeroo madaalamu akkasumas yeroo barbaachisa ta'e hojii isaa darban wajjin walbira qabamee.

Bahii mana barumsaa fi kan aanaa Minnesota Report Card kutaa jedhu, kan Data Center MDE website irratti argama. Minnesota Report Card kutaa MDE websaayitii dhaqaa ilaalaa. (Data Center > Minnesota Report Card dhaqaa ilaalaa.)

Odeeffannoof, kan kanaa gaditti kenname quunnamaa:

Statewide Testing
mde.testing@state.mn.us

Minnesota Department of Education
1500 Highway 36 West
Roseville, MN 55113-4266
http://education.state.mn.us

Fulbaana 2016